Oromiyaa

Lakk. 362

Oduu

Koreen giddu galeessaa Dh.D.U.O raawwii hojii kurmaana tokkooffaa qorate

Koreen giddu galeessaa Dh.D.U.O hojiiwwan mootummaafi dhaabaa kurmaana tokkooffaatti hojjetaman qoratee murteewwan addaddaa dabarsuusaa Ob. Zalaalam Jamaanee miseensi koree hojii raawwachiiftuu Dh.D.U.Ofi waajjira giddu galeessa Dh.D.U.Otti hoganaan Sab-qunnamtii ummataa Dh.D.U.O ibsan.

Koreen gidduu galeessaa Dh.D.U.O walga'ii tibbana deemsiseen hojiiwwan mootummaa gama ijaarsa dandeettii, misooma qonnaafi baadiyaa, hawaasummaa, hojii misooma magaalaafi bulchiinsa gaarii, sagantaa misooma manneenii, ijaarsa intarpraayizii maayikroo xixiqqaa, misooma dargaggootaa, akkasumas, hojiiwwan gama dhaabaatiin hojjetaman qorachuudhaan murtee addaddaa dabarsuusaa Ob. Zalaalam addeessaniiru.

Bunni toonii kuma kudha sadii ol gabaa giddu galeessaaf dhiyaate

Kurmaana jalqabaa bara kuma lamaatti naannoo Oromiyaarraa bunni toonii kuma kudha sadii ol gabaa giddu galeessaaf dhiyaachuusaa akkasumas, bara 1999tti biqiltuun bunaa miliyoona kuma 150 ol dhaabbamuunsaa ibsame.

Ob. Guutamaa Ittaanaa Biiroo misooma qonnaa Oromiyaa, damee bunaatti ekispartiin qulqullina bunaa akka jedhanitti, kurmaana jalqabaa bara kuma lamaatti bunni miicame toonii 267, kan hin miicamnee ammoo toonii 13,276 walumaagalatti tooniin 13,543 gabaa giddu galeessaaf dhiyaachuusaa eeraniiru. Itti fufuudhaanis, bara 1999 tti biqiltuun bunaa kuma 150 ol dhaabbamuusaafi qonnaan bultoonni 211,286 ol irratti hirmaachuusaanii addeessaniiru.

Buna qulqullina qabu gabaaf dhiyeessuuf xiyyeeffannoon guddaa itti kennamee hojjetamaa akka jiru kan ibsan Ob. Guutamaan, karoora kurmaana bara kuma lamaatti hojjettoonni misoomaa kuma tokko ol ta’an leenji’uusaaniifi isaanis qonnaan bulatoota kuma 37 ol leenjisuusaanii eeraniiru. Itti fufuudhaanis aramaa to’achuu, buna jala soquun, latii bunaa haphisuuniifi buna gamashuun yeroosaatiin raawwachuusaafi laffi bunaa heektaara kuma torba ol xaa’oon ummamaatiin haguugamuusaa eeraniiru.

Muka bunaa jalatti qonnaan bulatoonni oomisha gabaarratti barbaadamu akka oomishan taasisuuf xiyyeeffannoon itti kenname hojjetamaa akka jiru kan eeran ekispartichi, qonnaan bultoonni kuma saddeettamii shanii ol ta’an, buna jalatti mi’eessituu, kuduraafi muduraa addaddaa oomishaa akka jiran addeessaniiru.

Buna gabaa giddu galeessaaf dhiyaatu keessaa dhibbeentaa jahaatama ol naannoo Oromiyaarraa argamuusaa, bara kuma lamaatti buna toonii kuma 240 ol gabaa gidduugaleessaa dhiyeessuuf karoorfamuusaa odeeffannoo argamerraa hubachuun danda’ameera.

Jilli Ambaasaaddarootaa bakka Jalqabaaf bunni itti argame daawwate

Jilli Ambaasaaddarootaa gamtaa Awurooppaa godina Jimmaa aanaa Gommaa iddoo bunni Arabikaa jalqabaaf itti argame daawwate.

Jilli Ambaasaaddarootaa gamtaa Awurooppaa bar-kumee Itoophiyaa sababeeffachuun Onkolooleessa 22/2000 bakka bunni itti argame ganda qonnaan bulaa Coocee araddaa Kattaa Mudhugaatti wayita argame miseensota bakka bu'oota ummataa dabalatee abbootiin amantaa, Jaarsoleen biyyaafi dhalattoota naannawa Jimmaa waliin ta'uun daawwannaan adeemsifameera.

Bakka seenaa argama bunaa kana kunuunsuudhaan sadarkaa hundatti beekumsa argatee xiyyeeffannoon barbaachisu kennamuufii akka qabu gamtaan kun kan hojjetu ta'uun isasameera. Gamtaan Awurooppaas deeggarsa Itoophiyaaf kennu cimsee akka itti fufu Ambaasaaddarri gamtaa Awurooppaa Tiim Kilark waytuma kana ibsaniiru.

Jireenya qonnaan bultoota buna oomishanii fooyyessuuf hojiin biyya keessatti hojjetamaa jiru itti fufiinsa akka qabaatu taasisuuf gamtaan Awuroppaa deeggarsa walirraa hin cinne akka kennu Ambaasaaddar Tiim addeessaniiru. Parojektii qorannoo bunaa Tinpaakiin bakka kanatti lafa heek. 15 irratti adeemsifamaa jiru babal'isuuf gamtaan kun yeroo ammaa birrii mil. 20 deeggarsa kennuun isaa beekameera.

Bakka Seena qabeessa kanatti muuziyeemii hojjechuuf dhagaan bu'uraa prezdaantii M.N. Oromiyaatiin kaa'ameera jechuun Takkuu Baqqalaa riippoortarri W/B/Q/ ummataa godina Jimmaa nuuf gabaaseera.

Yuuniyeeniin

Biiftuu Salaalee bu’aa birrii kuma 479 ol argatee

Godina Shawaa kaabaatti yuuniyeeniin Biiftuu Salaalee bu’aa dimshaashaa birrii miliyoona tokko ol keessaa bu’aa qulqulluu birrii kuma dhibba 479 ol waldaalee bu’uraa miseensotasaa ta’an diigdamii sadiif qooduusaa Ob. Masaratuu Lammaa itti gaafatamaa waajjira Babal’ina waldaalee hojii gamtaa ibsan.

Yuuniyeenichi aanaalee kudha lama keessaa waldaalee digdamii sadii kan qabu yemmuu ta’u, kaappitaalli isaa birrii miliyoona 12 ol akka ta’eefi bu’aa dimishaashaa birrii miliyoona tokko ol argate keessaa birrii 479,873 ol akkaataa seera ittiin bulmaata yuuniyeenichaatiin waldaalee bu’uraa diigdamii sadiitiif qooduusaa Ob. Masaratuun ibsaniiru. Itti fufuudhaanis, yuuniyeenichi fedhii waldaalee bu’uraatiin kan gurmaa’an ta’uusaa akkasumas, callaa guddistuu addaddaa qoricha aramaa biyya alaatii fiduudhaan qonnaan bultootaaf akka dhiyeessuuf oomisha qonnaan bulaan oomishee gatii gaariin irraa bitaa akka jiru addeessaniiru.

Gabaa tasgabbeessuu keessattis yuuniyeenichi shoora ol’aanaa taphachaa akka jiru kan ibsan itti gaafatamichi, oomishawwan gabaa biyya keessaafi alatti barbaadaman bituudhaan gabaarratti dhiyeessaa akka jiru addeessaniiru. Bu’aa argame keessaas birrii 479,873.61 waldaalee miseensotasaatiif qooduusaa addeessaniiru.

Miseensota yuuniyeenii Biiftuu Salaalee keessaa Ob. Beekaa Bariyee ganda qote bulaa Illaammuu Arjoo Salaalee yaada nu kennaniin, kanaan dura callaa guddistuu biyya alaatii galchuudhaan miseensotasaatiif hanga qe’ee keenyatti fiduudhaan nuuf qoda. Kanaafuu nutis akka duraanii callaa guddistuus ta’e sanyii filatamaa waan nubarbaachisu mara barbaaduu hojii keenya dhisnee hin joorru jedhaniiru.

Ob. Katamaa Gaddaffaa gamasaanitiin, wanta qonnaaf barbaachisu hunda hanga qe’ee keenyaa dhufuudhaan nuuf raabsuu. Akkasumas oomisha oomishne gatii walsimaa ta’een yuuniyeeniin keenya waan nurraa bituuf rakkoo gabaa hin qabnu. Akka duraanii daldalatoota seeraan alaatiifi hin saaxilamnu jedhaniiru.

Godinichatti yuuniyeenonni sadii kaappitaala birrii miliyoona 14.2 ol qabaniifi waldaalee bu’uraa 49 qaban hojii qonna maraa irratti akkasumas oomisha aannanirratti bobba’anii hojjechaa akka jiran odeeffannoo argameerraa baruun danda’ameera.

Miseensonnii fi deeggartoonni Dh.D.U.O 1000 ol ta’an hojii misoomaa adeemsisan

Miseensonniifi deeggartoonni Dhaabbata Demokraatawaa ummataa Oromoo 1000 ol ta’an Bar-kumee haaraa hojii misoomaatiin kabajachuu isaanii itti gaafatamaan sab-quunnamtii wajjira Dh.D.U.O magaalaa Holotaa ibsan.

Itti gaafatamtichi Ob. Girmaa Gannatii Gaazexaa Oromiyaaf ibsa kennaniin, ayyaana Bar-kumee sababeeffachuudhaan miseensotiifi deggartoonni magaalattii keessa jiran lakkoofsaan 1000 ol ta’an Adoolessa 27 /2000 boolloo ujummoon bishaanii keessa awwaalamu meetira 300 ol qotuusaanii addeessaniiru.

Rakkoo bishaanii magaalaan Holotaa qabdu furuuf jecha ummata biroof fakkeenya ta’uudhaan hojii kanatti yeroo bobba’an dhaadannoo hiyyummaa seenaa taasisuuf kutannee haa kaanu, Dh.D.U.On misooma, Nageenyaafi Demokraasiidha, Bar-Kumee haaraa kanatti adda durummaan miseensota Dh.D.U.O itti fufa kan jedhuufi kkf qabatanii akka turan, miseensonniifi daggartoonni kunis kanaan dura hojiiwwan hawaasa dinagdee adda addaarratti adda durummaan hirmaachaa turuusaaniifi kanas fuula duratti cimsanii akka itti fufan waadaa seenaniin mirkaneessuusaanii itti gaafatamtichi dabalanii addeessaniiru.

Balballoomii oduu

Koreen gidduu galeessaa Dh.D.U.O Adeemsa hojii kurmaana tokkoffaa qorate

Koreen giddu galeessaa Dh.D.U.O walga'ii tibba kana deemsiseen hojiiwwan gama mootummaafi dhaabaa kurmaana tokkooffaatti hojjetaman qoratee murteewwan addaddaa dabarsuusaa Ob. Zalaalam Jamaanee miseensa koree hojii raawwachiiftuu fi waajjira gidduugaleessa Dh.D.U.Otti hoganaan qunnamtii ummataa Dh.D.U.O ibsan.

Walga'ii deemsifame kanaan hojiiwwan kurmaana tokkooffaatti hojjetaman qoratamaniiru. Hojii ijaarsa dandeettii ilaalchisee waajjirraalee mootummaa naannichaa keessatti jijjiirama adeemsa hojii bu'uraa hojiirra oolchuuf sochiin godhamaa ture, sadarkaa guddina dinagdeefi hawaasummaa naannoo keenyaa si'achisuu danda'uun raawwatamaa akka jiru qoratamuusaa Ob. Zalaalam eeraniiru.

Hojiin kun biiroolee mootummaa 20 fi sadarkaa gandaatti kan hojiirra oolu ta'uusaa ibsanii, hojii gara fuul duraatti hojjetaman hundi xiyyeeffannoofi kutannoo cimaadhaan hojiitti geeddaruu akka qabu koreen gidduugaleessaa irratti waliigaleera jedhaniru. Dhimma kana wajjin kan ilaalamee, hojii bulchiinsa gaarii mirkaneessuuti. Yaa'ii dhaabbatummaa, 4ffaa irraa kaasee dhimma xiyyeeffannoodhaan hojjetamaa jiru yoo ta'u, paakeejii bulchiinsa gaarii hojiirraa olchuuf qabame keessaa hojiin sadarkaa gandaatti eegalame hojii gaggeessitoota gahumsaafi dandeettii qaban foo'atamanii leenjii gaggeessummaa kennuun gara hojiitti galchuuf hojjetamaa jiru dhimma murteessaa ta'uunsaa qoratameera.

Hojiin ijoofi xiyyeeffannaan hojjetamaa jiru hojii misooma baadiyaafi bulchiinsa gaarii baadiyaa akka ta'e kan dubbatan Ob. Zalaalam, bara oomisha 1999/2000 baatiiwwan gannaa naannawa baddadareetti bokkaan waan baay'ateef hamma tokko dhibbaa akka qabaatu eegama. Gama biraatiin ammoo gammoojjiifi naannawa kanaan dura hanqinni roobaa jirutti roobnii gahaa waan roobeef oomishni fooyya'aan ni argama, kana jedhan Ob. Zalaalam itti dabaluudhaanis, haalli jiru oomishni ni argama jedhamee tilmaamamuu ol argamu akka danda'auufi guddinni dinagdee yeroo shanaffaaf ni mirkanaa'a jedhame akka eegamu irratti waliigalameera jedhaniiru.

Gama biraatinis karoora bara kuma lamaa hojiirra oolchuuf qophiin gahaan taasifameera. Waggaa darberraa eegalee ulaa misoomaa bahaa, kibba, ulaa misoomaa Oromiyaa dhihaa, Oromiyaa gidduu galeessaafi ulaa misoomaa baddadaree Arsiifi Baalee jechuun qooduun qu'annoo gahaafi bifa hirmaachisaa ta'een karoorri qophaa'ee sadarkaa hundumattuu irratti walii galuun gara hojiitti seenameera. Hojiin misooma baadiyaa oomishtummaa guddisuu qofa utuu hin taane qonnaan bultoota addaa duree bal'inaan uumaa kan jirruufi abdii guddaa kan namaa kennu akka ta'eefi paakeejii

bulchinsa gaarii baadiyaa hojiirra oolchuuf hojiin cimaa hojjetamaa jiru akka ciminaan itti fufu murtaa'uusaa odeeffannoo argameera hubachuun danda'ameera.

Hojiin biraan koreen gidduugaleessaa ilaalee hojjiwwan hawaasummaa yeroo ta'u, hojii barnootaa, faayaafi bishaan dhugaatii, karoora bara kumalama keessatti raawwachuuf dhimmoota qabaman yeroosaanii eeganii deemaa kan jiran akka ta'e irratti waliigalameera. Daa'imman umriinsaanii barnootaaf gahee guutuumaatti mana barnootaa akka galan gochuun, manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa mootummaafi hirmaannaa ummataan akka wal-gahu gochuuf qulqullina barnootaa eegsisuuf tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban hunaa fudhachuudhaan bu'aansaanii argamuusaa hubatameera.

Haaluma kanaan gandolee 2000 manneen barnootaa sadarkaa tokkooffaa hin qabne hirmaannaa ummataatiin hojjetamnii tajaajila kennuu jalqabaniiru. Akkasumas, manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa 29 ijaaramuusaaniirrayyuu, manneen barnootaa teknikaafi ogummaa 20 dabalataan banamanii, simannaa kanaan dura kuma 17 ture gara kuma 32tti ol guddisuun danda'amuusaa ibsameera.

Gama fayyaatiinis, seektara fayyaa olii kaasee hanga gaditti gurmeessuufi gaggeessaan cimsuuf hojii hojjetame dabalataan, eksiteenshinii fayyaa diriirsuuf hojiin hojjetame guddaa ta'uu isaa hubachuun danda'ameera. Kurmaan dhufu keessatti hojiiwwan gama eksiteenshinii fayyaa diriirsuu wal qabatanii hojjetamaan xiyyeeffannaa cimaan kennamuu akka qabu ilaalameera. Baajatni guddaan Bisihaan dhugaatii ilaachisee ramadamee akka hojjetamaa jiruufi kesumaas naannoo horsiisee bulaatti hojiin ijaarsa bishaan dhugaatii namaafi beelladaa xumuramee hojiirra kan oolee yemmuu ta'u, sagnataa ulaa misoomaa naannoo keenyaa wajjin wal-qabatee raawwatamuu akka qabu dabalee kallattii kaa'eera.

Misooma magaalaa karoora paakeejii bulchiinsa gaarii hojiirra oolchuuf dandeessisu qophaa'ee gara hojiitti seenameera. Haaluma kanaan sirni jijjiirama bu'uura adeemsa hojii hojii irra oolchuudhaaf qophiin paakeejii bulchiinsa gaarii raawwate gara hojiitti galameera. Gama biraatiin misooma magaalootatiin hojii garuguddoo sadiif xiyyeeffannaan kannamee hojjetamaa jira. Inni duraa, sagantaa misooma manneen yemmuu ta'u, magaaloota 11 keessatti manneen jireenyaa 9,200 ol ijaaruuf karoorafamee sochii keessa akka galame ni beekama. Paawwii keessatti hanqinnootn adda addaa turuu isaaniifi amma oggeessa sirrii argatee hojichi yeroo fudhachuu qabu caalaa akka hin fudhanne yaaliin godhamaa jira. Bara kuma lamaatti magaaloota shan keessatti manneen jireenyaa kuma 12 ijaaruuf qophiin hundi xumurameera.

Inni lammaffaa ijaarsa intarpraayizii maayikroo xixinnaa yemmuu ta'u, magaaloota keessatti hojii dhabummaa sadarkaa ol'aanaatti maqsuuf hojjetamaa jira. Haaluma kanaan dargaggootni sagantaa misooma manneetiifi kan birootiin bal'inaan gurmaa'uu dhaan hojii uumanii of danda'aa jiru. Inni sadaffaa misooma dargaggootaa yemmuu ta'u, gidduu galeessaa dargaggootaa magaaloota keessatti

ijaaruu dhaan, dargaggoonni iddoo hin taanee akka hin oolleef gumaacha guddaa akka qabu abdatama. Kuni magaaloota baay'ee keessatti raawwatamaa jiraachuusaa Ob. Zalaalam dubbataniiru.

Hojin gama biraatiin xiyyeeffannaan itti kennamee qoratame hojii sab-quunnamtiifi ijaarsa dhaabbatichaati. Karoora bara 2000 keessatti humna gaggeessaa cimsuu akkasumas, sochiiwwan guddina dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa naannichaa ciminaan akka hojjetamu gochuuf hojiwwan gurguddaa hojjetamaa akka jiru qoratamuusaa Ob. Zalaalam addeessaniiru. Itti fufuudhaanis, leenjiiwwan gaggeessummaa gaggeessaa sadarkaa hunda irra jiruu cimsu kennamee akka jiruufi gaggeessitoonni fi miseensonni sadarkaa hunda irra jiranis karoora bara 2000 irratti bal'inaan mari'atanii hojii qabatama keessa akka galanii jiran hubatameera jedhaniiru. Akkasumas, sochii guddina dinagdee keenya Si'achiisuu keessatti miseensii gahee adda durummaasaanii ciminaan bahuu akka qaban irratti walii gala meera.

Koreen gidduu galeessaa Dh.D.U.O dhummoota addaddaa irratti bal'inaan erga mari'atee booda, hojiiwwan eegeereetiif kallattii addaddfaa kaa'uudhaan xumurameera.

Ijoo dubbii

Fiixa ba’insa karoora misooma qonnaa mirkaneessinuun fayyadamummaa keenyaaf...

Hojiilee gurguddoo yookii ammoo ijoo jedhamanii barna hojeeffamuuf karoorfaman keessaa hojiin ijaarsa sirna bulchiinsa gaariifi misooma qonnaa kunneen hangafoota. Kunneen kun hojii ijoofi gurguddoo jedhamanii kan qabataman ammoo hojiilee kanneen biroofis ta’e guddina misooma dinagdee maraafuu bu’ura waan ta’aniifi. Kanarra darbees guddina dinagdee fufiinsa qabuufi walirraa hincinne galmeessuudhaaf dirree kanarratti xiyyeeffachuun murteessaa waan ta’eefi.

Mootummaan naannoo Oromiyaafi dhaabbanni keenya Dh.D.U.Onis kanuma sirriitti hubachuudhaan,hojiilee bara kana keessa hojjetaman keessaa hojiin ijaarsa sirna bulchiinsa gaariifi hojiin misooma baadiiyaafi qonnaa hojii ijoo ta’anii xiyyeeffannoon kan hojjetaman ta’uu isaanii karoorsee kutannoon socho’aa jira. Kana qofaa utuu hin taane, Karoora hojii ijoofi murteessaa ta’e kana haala amansiisaa ta’een fiixa baasuufi bu’a qabeessa taasisuuf adeemsa hojichaa dhiyeenyaan hordofuufi deggaruun barbaachisaa ta’uu isaa hubachuun qixni sirrii ta’e akka kaa’amu taasifameera.

Karaa misooma qonnaafi baadiyaa karoorri bar-dheengaddaa ba’ee hojiirra ooluu eegale haala gammachiisaafi amansiisaa ta’een ammumaa bu’aa argamsiisuu jalqabeera. Naannoo Oromiyaa akkaataa haala qilleensasaa, teessuma lafasaa, qabeenya uumamasaafi mijaa’ina oomisha isaatiin ulaa misoomaatti qooduudhaan gara hojiitti seenuuf sochiin jalqabame, saayinsii itti fayyadama haala naannoo kan hubachiisu ta’uu isaarrayyuu oomishaafi oomishtummaa sadarkaa olaanaan kan guddisu ta’uun isaa gaaffii keessa kan galu miti.

Karoora bara darbee kanafi bu’aawwan karoorichaa bu’ura godhachuudhaan baranas kanuma karaa cimsuun karoorri ophaa’es guddinni misoomaa fufiinsa qabu galmeeffamuu akka danda’u gamanumaa hubachiisuu eegaleera. Karoorri misooma qonnaafi baadiyaa barana qopaa’e bu’aa argamsiisuun isaa gamanumaa hubatameera yermmuu jedhamu miira aantummaa qofaan kan dubbatamu utuu hin tane, bu’a qabeessummaan isaatiif ragaa qabatamaa dhiyeessuun ni dana’ama.

Tokkoffaa, karoorri ulaalee misoomaa bu’ura qodhatee qophaa’e kun, bu’ura kaa’ameen gabaa wajjin dhiyeenyaan walitti hidhamee qaama karooricha akka ta’u godhameera. Karaa godinaaleefi aanaalee wantoonni hojjetaman akkauma jiranitti ta’ee, callaa guddiftoonni ulaalee misoomaa kanaf barbaachisoo ta’an haala ga’aa ta’een akka argamaniif sadarkaa naannootti sochii bal’aan taasifamaa jira. Kana malees, dhaabbileen qu’annoofi yunivarsiitonni adda addaa qo’annoowwan oomishaafi oomishtummaa guddisaan wayita argatan naannichaa wajjin haala wal- simeen itti fayyadamuuf yaaliin barbaachisaa ta’e taasifamaa jira.

Lammaffaa, biyyoota alaatii, keessumaa Chaayinaafi Hindiidhaa, mootora bishaanii xixiqqaa qonnaan bulaan itti fayyadamu galchuudhaan, yeroo booda ammoo asumatti warshaa ammayya kana oomishu dhaabuudhaan fayyadamummaa qonnaan bulaa mirkaneessuuf dhamaatii olaanaan taasifamaa jira. Kana wajjin wal-qabatee, qonnaan bulaan oomisha ga'aa qulqullina qabu oomshee qabaa addunyaa keessaa akka galu taasisuuf hojiin jalqabame akkuma jirutti ta'ee, qonnaan bulaan abbootii qabeenyaa agiroo-induustrii irratti bobba'anii wajjin walitti hidhinsaan akka hojjetuuf, karaa kanaanis, qonnaan bulaan karaa tokkoon gabaa dhiyeenyatti akka argatu, karaa biraa ammoo teknooloojii wajjin walitti dhufeenya uumaa akka adeemu taasisuuf karoorfameera.

Sadaffaa, rakkoowwan kanaan dura raawwii karoora misooma qonnaarratti mul'atan maqsuudhaan, qonnaan bulaa karoora qonnaarratti sirriifi bal'inaan akka mari'atu taasisuun, ogganaa misooma baadiyaafi ogeessa qonnaa bal'inaafi ga'umsa qabu horachuun, fiixa ba'insaa karoorichaatiif sochiin taasifama jira. Kanaafu miseensonni dhaabaa, qonnaan bultoonni adda dureeniifi deggarstoonni misoomaa hundi guddina biyyaafi fayyadammaa waliinii fiixa ba'insa karoorichaatiin mirkanaa'uuf murannoon haa tuusinu.

Aaga Badhaadhinaa

Bu’aa biyyoo kotichaa

Bu’urri dinagdee keenyaa qonnaa. Dameen kun ammoo teknoloojii addaddaatiin fayyadamuudhaan bu’aa ol’aanaa akka argamsiisuuf xiyyeeffannoon ol’aanaa itti kenname hojjetamaa jira. Keessaayyuu, oomisha lafa kotichaarraa argamu akka dabaluu taasisuuf teknoloojiin haaraa hojiirra oluusaarrayyuu, qonnaan bultoonni leenjii barbaachisu argatanii, akasumas teeknoloojii addaddaatiin fayyadamuudhaan bu’aa ol’aanaa akka argatan taasifamaa jira. Kalattii kanaanis qonnaan bultoonni hedduu fayyadamaniiru. Qonnaan bultoota kanneen keessaa Ob. Dachaasaa Addunyaa isaan tokko dha.

Ob. Dachaasaan godina Shawaa kibba lixaa, aanaa Bachoo jiraataa ganda qonnaan bulaa Awaash Buneeti. Isaanis, teknoloojii haaraatiin fayyadamanii ciminaan hojjechuusaanitin bu’aa ol’aanaa argachuusaanii dubbataniiru. Akka isaan nutti himanitti, utuu teknoloojii haaraatiin hinfayyadamin dura heektaara tokko irraa oomisha kuntaala jahaa argachaa turan. Wayita amaa garuu heektaara tokkoorraa qamadii kuntaala digadama caalaa argachaa jiru.

Bar-dheengaddaa xaafii kuntaala shantamaa, qamadii kuntaala soddooma, shumburaa kuntaala diigdama, misira kuntaala jahaafi gaayoo kuntaala sadii oomishaniiru. Bu’aa ol’aanaa kana argachuu kandand’an teknoloojii haaraatiin fayyadamanii hojjechuusaanitiin akkasumas, gorsa hojjettoota misoomaa hojiirra olchuusaanitiin ta’uusaarrayyuu, tarsimoofi imaammata mootummaan baaseerratti hubannoo ol’aanaa argachuusaanitiin. Isaanis qonnaan bulaa adda dure waan ta’aniif namonni biroonis ciminaan hojjetanii bu’aa ol’aanaa akka argatan namoota kudhaan ofjalatti gurmeessanii hojjechaa jiru. Kana qofa miti, qonnaan bultoonni adda dureen saddeettamaa ol gandicha keessa argaman namoota biroo ofjalatti gurmeessanii akka hojjetan taasifameera. Mee yaadasaanii isaanumarraa haahubannu, “namni hojjete bu’aa ol’aanaa ni argata. Ani fakkeenyaaf bara 1996 dura mana citaa keessan jiraataa ture. Amma garuu, mana qorqorroo ijaareera. Baabuura midhaandaakuu qaba. Mana baankitti birrii kaawwachu jalqabeera. Baranas Oomisha kuntaala dhibbaa ol ni argadha jedheen tilmaamama jedhaniiru.

Ob. Tacaanee Tarreessaa jiraataa ganda qonnaan bulaa Awaash Buneeti. Isaanis qonnaan bulaa adda duree ta’anii badhaasa addaddaa argataniiru. Bar-dheengaddaa xaafii kuntaala soddoma, shumburaa kuntaala jahaa, misira kuntaala sadii oomishaniiru. Baranas heektaara

afur irratti qamadii, shumburaa, misiraafi gaayoo facaasaniiru. Teknoloojii haaraa addaddaatiin fayyadamanii waan hojjetaniif bu'aa ol'aanaa argataniiru. Kanas haala kanaan ibsu "duraan jireenyi kiyyaa gad-aanaa ture. Teknoloojiihaaraatiin waan hin fayyadamneef heektaara tokkoorraa kuntaala jahaa gad argachaa ture. Amma garuu heektaara tokkoorraa kuntaala diigdama caalaa argachu jalqabeera. Namoota kudhan wajjin hojjedha. Hundumtu keenya bu'aa gaarii arganneerra. Mana citaa keessa jiraataan ture. Amma garuu, mana qorqorroo ijaareera. Manni kiyya meeshaa ammayyaa'a ta'een guutameera". Jedhamniiru.

Ob. Dibaabaa Turaa jiraataa ganda Awaash Bunee gamasaanitiin teknoloojiin fayyadamuudhaan hojjechuu saanitiin bu'aa ol'aanaa argachuusaanii nutti himaniiru. Duraan jireenyasaanii gad aanaa ture wayita ammaa garuu, makiinaa lama, baabuura midhaan daakuu, qabu. Akkasumas, birrii kuma 350 baankii kaawwataniiru. Ob. Dibaabaan ciminaan hojjechuusaanitiin bu'aa ol'aanaa argachuu danda'aniiru. Barana heektaara jahaarratti qamadii, shumburaafi misira facaasaniiru.

Qonnaan bultoota kanneen akka fakkeenyaatti kaafnee malee namoonni ciminaan hojjetani bu'aa ol'aanaa argamsiisan hedduudha. Bu'aa kanaaf ammoo tarsimooniifi imaammanni mootummaan baasee bu'ura yermmuu ta'u, gaheen hojjettota misoomaas iddoo ol'aanaa qaba. Ob. Shallamaa Rafuu hojjetaan misoomaa gandichaa akka dubbatanitti gandichatti heektaara dhibba afur irratti qamadii shumburaa, misiraafi gaayoon faca'eera. Walumaa galatti "BBM"n 105 qonnaan bulaaf raabsameera. Qonnaan bultootaaf yeroo yeroodhaan leenjii waliirraa hin cinnee nikennama.

Walumaa galatti naannoo Oromiyaatti gadinaalee saddeetti keessatti misoomni biyyoo kotichaa ni adeemsifamea. Ragaan Biiroo misooma qonnaarraa argame akka eerutti bara oomisha 1999/2000tti lafa kootichaa heektaara 100,175 irratti qamadii, shumburaa misira gaayoon faca'eera. Hojii kanarratti qonnaan bultoonni 95,484 kan hirmaatan yemmuu ta'u, lafti biyyoo gurraachaa heektaarri 6,7560 ol "BBM"n fayyadamuudhaan qotameera. Kan hafee heektaarri 93,419 ammoo aadaatiin qotamuusaa odeeffannoo argameerraa hubatameera.

Walumaa galatti qonna bu'ura dinagdee keenya ta'e teknoloojiidhaan fayyadamuudhaan cimsuun guddina keenyaaf murteessaadha. Akkuma seensa barreeffama kanarratti ibsuun yaalameetti qannaan bultoonni teknoloojii addaddaatiin fayyadamanii hojjetan bu'aa ol'aanaa argamsisuusaanii akka fakkeenyaatti kaasuu yaalleerra. Kun ammoo qonnaan bulaa mara

biratti beekamu waan qabuuf leenjiin fufinsa qabu kennamu qaba. Kana qofaa miti, bu’aawwan teknoloojii kanneen haala siyaa’ina qabuufi gahaa ta’een raabsuun murteessaadha. Guddina amma argame ciminaan akka itti fufuu tumsa hundaa gaafata. Akkasumas, oomishnii biyyoo kotichaa irraa argamu yeroo yeroodhaan guddachaa jiru kun kana caalaa cime itti fufuu qaba jenna.

Guddina Fufiinsa qabuuf

Hojiin qonnaa ganna keessa hojjetamu akka biyyaattis ta’ee naannootti hojii bal’aafi oomnisha naannoo keenyatti oomishamu keessa gaheensaa dhibbeentaa 85 olii dha. Bara oomisha 1999/2000 akka Oromiyaatti lafati heektaara miliyoona 6.5 qotamuusaafi kanarraayis oomishnii kuntaala miliyoona 152 ni argama jedhame akka tilmaamamu Dr. Saamu’eel Asaffaa Biiroo misooma qonnaafi baadiyaa Oromiyaatti itti gaafatamaan qajeelcha misooma midhaaniifi eegumsaa dubbataniiru.

Qonna gannaatiif xaa’oon kuntaalli miliyoona 1.5 ol kan raabsame yemmuu ta’u, sanyiin filatamaa midhaan gosa addaddaa kuntaalli kuma 95 ol qonnaan bulaaf qoodameera. Haalli qilleensaafi tamsa’inni roobaa haala gaarii irratti akka argamu kan eeran Dr. Samu’el haala hanga ammaattii jiruun oomishnii kuntaalli miliyoonni 152 ol ni argama jedhame ni tilmaamama jedhaniiru.

Gama biraatiin oomisha ganna darbee faca’eef kunuunsii taasifamaa jiru gaarii ta’uusaa Dr. Saamu’eel dubbatanii ilbisota midhaan balleessan to’achuuf qophiin dursaa taasifamuusaa nutti himaniiru. Hanga ammaatti ilbisnii farra midhaanii haala weeraraatiin akka hin uumamnee dubbatanii iddoo tokko tokkotti ilbisoota mul’atan irratti qoricha farra ilbisaa biifamuusaa dubbataniiru. Haaluma kanaan godina Shawaa bahaa aanaa Adaamii Tulluufi Dugda Boraatti shimbiirroo girrisaa lafa heektaara 150 irratti qubatee ture keemikaala leetira 300 biifuudhaan, shimbirroo girrsisaa miliyoona 3.5 balleessuun danda’ameera. Haaluma wal fakkaatuun godina Harargee bahaa aanaalee Cinaaksan, kombolchaa, Jaarsoo keessatti haawwaanisa lafa heektaara 485 irratti qubatee ture qoricha leetira 979.5 biifuudhaan balleessuun danda’ameera. Garraa fuul duraatti ilbisoota midhaan balleessan to’achuuf qophiin barbaachisu hundi taasifamuusaa Dr. Saamu’eel dubbatanii, qonnaan bulaanis ilbisoota kanneen to’achuuf of eeggannoon taasisuu qaba jedhaniiru.

Walumaa galatti guddina dinagdee biyya keenyaa waggaa afuriif walitti aansuun galmaa’ee waggaa shanaffaattis akka galmaa’u sochiin taasifamaa jiru bu’aa qabeessa. Oomishnii ganna darbee faca’ee bu’aa eegamu akka kennuuf hojiin amma hojjetamaa jiru ciminaan itti fufuu qaba. Ilbisoota oomisha balleessan to’achuunis murteessaa waan ta’eef qaamni dhimmichi ilaallatu hundi tumsu qaba.